Akkaataa itti ulfa of irraa dhorkan

Akkaataa itti hatattamaan ulfa of irraa dhorkan (Emergency contraception methods)

Qoricha (pill) hatattamaa ulfa ittiin of irraa dhorkan – qunnamtii saalaa eegggannoo hin godhamin booda akka itti qorichaan ulfa or irraa dhorkan

Toftaa (Method)	Qorichaan ulfa hatattamaa of irraa dhorkuu (Emergency contraceptive pill: ulipristal (UPA-EC)	Qoricha ulfa hatattamaa of irraa dhorkuu (Emergency contraceptive pill: levonorgestrel (LNG-EC)	Gosa meeshaa qaama keessa galchamu (The copper intrauterine device (IUD)
Bu'a qabeessummaa (Effectiveness)	• Harka dhibba keessaa dhibba (100%) amansiisaa miti • Dursee yoo fudhatame caalaatti amansiisaa taha. • LNG-EC caalaa amansiisaa dha.	• Harka dhibba keessaa dhibba (100%) amansiisaa miti • Dursee yoo fudhatame caalaatti amansiisaa taha. • UPA-EC caalaatti amansiisaa dha.	• Qunnamtiin saalaa eeggannoo hin taasisamin raawwatamee guyyoota shan keessatti yoo qaama keessa galchame dhibbatti harka 99% amansiisaa dha.
Maal inni? (What is it?)	• Gadameessi sanyii dhalaa keessaa qopheessamu ulfa tahuuf male akka gadi hin lakkisamne ittisa yokan tursa.	• Gadameessi sanyii dhalaa keessaa qopheessamu ulfa tahuuf male akka gadi hin lakkisamne ittisa yokan tursa • Akka ulfi hin guddanneefis akkaataa teessuma gadameessaa tarii ni jijjiira.	• Meeshaa xiqqoo laastikaa ulfa ittisu • Sanyiin dhiira keessaa bahu sanyii dhalaa keessaa (eeg) bira akka hin geenyee fi ulfa hin taane dhorka.
Akkamiin dhimma itti	• Qunnamtii saalaa eeggannoo hin	• Qunnamtii saalaa eeggannoo hin	• Doktora fayyaa yokan deessitootaa

baata?	qabnetti aansee oggasuma fudhachuun gaarii dha. • Qunnamtii saalaa eeggannoo hin qabnetti aansee hanga guyyaa shanii (sa'aa 120)f fudhachuutu eegama. • Harma hoodhisifta yokan qoricha kan biro fudhataa jirta yoo tahe akka qoricha ulfaa kana fudhattu hin hayyamamu. Qoricha warri sitti gurguran waa'ee kanaa si gorsu.	qabnetti aansee oggasuma fudhachuun gaarii dha. • Qunnamtii saalaa eeggannoo hin qabnetti aansee hanga guyyaa sadii (sa'aa 72)f fudhachuutu eegama.	(midwife) leenjii addaa qaban meeshaa kana gadameessa kee keessa galchuuf baallama qabatta. • Sana booda yoo xiqqaate wagga kudhaniif qaama keessa si tura.
Eessaa argatta?	• Waraqaa doktora fayyaa irraa fidachuu malee ofumaan farmasii keessaa argachuu dandeessa.	• Waraqaa doktora fayyaa irraa fidachuu malee ofumaan farmasii keessaa argachuu dandeessa.	• At a medical appointment with a health professional trained to provide it
Hubannoo keessa kan galfaman (Considerations)* * Yaadannoo: Haguggii qaama saalaa dhiiraa (condom) qofatu dhukkuba saalaa daddabraa (STI) dhorkuu danda'a.	• Akka ittiin ulfa of irraa ittisan dhaabbataa tahetti dhimma itti bahamuu hin qabu. • Gatiin isaa LNG-EC ni caala.	• Akka ittiin ulfa of irraa ittisan kan yeroo hundaa tahetti dhimma itti bahamuu hin qabu.	• Dubartoota, shamarran ijoollee hin godhatin jiran hunda dabalee dhimma itti bahuuf abdachiisaa dha.

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.
© Taligaa Viktoria (State of Victoria), Damee Tajaajila Fayyaa fi Namoomaa, (Department of Health and Human Services), Amajjii 2019.
<http://healthtranslations.vic.gov.au/> irratti argama